# Alfalfa *(Medicago sativa)* nyaata beeladoota qotiisa xixinnaa

## Kaayyoo

Beeladoota naannoo baddaa qabanaa'aa keessa jiraataniif nyaata kaloo sadarkaa gaarii dhiyeessuu

## Ibsa bifa isaa

- Lafa keessa gadi fagaatee kan dhaabamu
- Qilleensa hundatti kan madaqu
- Pirotiinii hedduu wajjin Alfafaan sirriitti nyaatama
- Akka kaloo baatamuutti midhaan akka gaariitti biqiluu dha
- Akka kaloottis dheedumsaafis in fayyada
- Luceme jedhamees in beekama

## Dadhabbii isaa

- Yeroo dheeraa dheedamuu hin danda'u
- Gogiinsa hin danda'u, waggaa guutuu bishaan barbaada
- Asiidii fi ciisa bishaanii hin danda'u
- Dhukkuba adda-addaatti saaxilamaa dha
- Alfaafaa dheeduun garaa beeladaa bokoksa

## Bulchiinsa

- Maasaa qopheessuu

  Sirriitti kan bullaa'ee soqamee fi siree sanyii jabaa barbaada.

- Hundeeffama

  Sanyiin wal-irraa fageenya cm 50–70 tiin toraan faca'uu qaba; akkasumas qotiisa jallisiitiin baay'ina kg 12–20/hektaraatiin ykn lafa qotiisa bokkaatti immoo baay'ina kg 10–12 tiin faca'uu qaba.

- Xaa'oo

  Xaa'oon DAP baay'ina kg 100/hektaaraatiin kennamuu qaba.

- Aramaa

  Jalqabaa kaaftee aramaa balleessuu qabda. Hanga inni guddatutti alfafaa aramaa irraa qulqulleessi. Sana booda midhaan kun dafee-dafee biqiluu qaba.

headquarters
PO Box 30709, Nairobi 00100, Kenya
Phone: 254 20 422 3000
Fax: +254 20 422 3001
e-mail: ilri-kenya@cgiar.org

principal site
PO Box: 5689, Addis Ababa, Ethiopia
Phone: +251 11 617 2000
Fax: +251 11 617 2001
e-mail: ilri-ethiopia@cgiar.org

Asia office
New Delhi 110 012, India
P +91-11 2560 9800
P +91-11 2560 9815 (direct)
F +91-11 2584 7884

- Haamaa

  Yeroo alfafaan daraaruu jalqabutti dheerina cm 5 tti kaloof haami. Bakka qotiisa jallisiitti, haamaan ji'a ji'aan ta'a.

- Bu'aa dalagaa

  Haamaa si'a 6–8 keessaa ija alfaafa toonii 20 waggaa tokko keessatti eeggadhu. Qabiyyeen pirotiinii %20–25 yeroo ta'u, dakamuun nyaataa immoo %70 dha.

- Oomisha sanyii

  Yeroon haamaa sirriitti beekamuu qaba. Kunis sanyiin %65–75 ga'u yeroo gurraacha'u jechuu dha. Malli kun sanyiin akka harca'ee hin badnee gargaara. Jallisiidhaan yeroo qotamutti, oomishi baay'ina kg 100–300/ha in argama

- Fayyadama

  Akka alfaafaan dulloomaa adeemutti, faayidaan nyaataa isaas waan hir'atuuf gatiin nyaataa akka sadarkaa guddinaatti murteeffama. Malli inni gaariin alfaafaa akka kaloo jiidhaatti itti fayyadamuu dha. Alfaafaan kaloo sadarkaa gaarii ta'uu in danda'a. Bokoka garaa hambisuuf, alfafaa qofaa isaa beelada hin nyaachisin. Yeroo hunda waan biraa wajjin wal-makuudhaan nyaachisi.

Information leaflet on livestock feeds and feeding technologies for small-scale farmers developed through collaboration between ILRI and its partners

June 2010

For further information, contact:
Fodder Adoption Project
fodderadoption.wordpress.com
Forage Diversity Project
International Livestock Research Institute,
PO Box 5689, Addis Ababa, Ethiopia
Email: a.duncan@cgiar.org or j.hanson@cgiar.org